



BAXXEE RAGAA

NUTI KIBBA-BAHA SIYAATIL ❤️

OROMO

Nageenya foyyeessuun haarawaa gara Daandii Rayineer S dhufaa jira

Birraa 2018

HAALA WALIIGALA PIROJEKTII

Bara 2014 keessa, haala nageenyaa Daandii Raynerii S tiin Daandii Alaaskaa S fi Daandii Handersan S gidduu jiru xiinxaluuf Pirojektii Foyyeessuu Koriidoorii Daandii Rayneerii S (Rainier Ave S Corridor Improvements Project) jalqabsiifneerra. Galmawwan keenya:

- Giddu galeessa saffisa konkolaataafi balaa saffisaan dhufu hir'isuu
- Lakkoofsa miidhaa hamaa ykn walitti bu'insa du'aa saaxilan hir'isuu
- Maqawwan foyyeessuu
- Hojii bu'a qabeessummaafi amansiisaa otobisii itti fufsiisuu

Pirojektiin kun qaama sagantaa Vision Zero Siyaatil bara 2030 tti du'aatii balaa tiraafikaafi miidhaa cimaa Duwwaa irra ga'udha. Toora Daandii Raneer S tiin nageenya yeroo amansiisaa deemnuttibua qabeessummaafi amansiisaa otobisii itti fufsiisuuf pirojektii kana RapidRide Rainier waliin karoofataa jirra.

FOOYYA'INSA DHUFAA JIRU

Bara 2015 keessa, yeroo Daandii Rayneerii S Daandii Alaaskaa S fi S Keenii toora afurii gara sadiitti yeroo dizaayinii gootutti kutaa 1 xumurreera. Bara 2017 keessatii, pirojektii kanaaf Daandii S Keeniitii hanga Daandii Handarsan S kutaa 2 ffaa pirojktichaaf warren dizaayinii baasan lama irratti yaada keessaniif isin gaafanneerra. Dubbiin hedduminaan dhaga'aman lamaan daandii tti maquufi barbaachisummaa dafa dafee mullachuufi amanamummaa Metro Toora tajaajila 7.

Duub-deebii hawaasaa erga xiinxallee booda, deggertoota keenya waliin bakka King County Metro Transitti waliin hojjechuuf akkasumas, moodela tiraafikaa, Daandii Keenii S irraa hanga

*Yeroon qabame jijjiiramuu ni danda'a.



Har'a



Ijaarsaan booda (wallakka 2018)

Daandii Handarsan S 'tti Filannoo 1 akka ta'e yaada dhiyeessina. Filannoon kun gara walakkeessa bara 2018'tti tolfamuu ni danda'a.

Bakka qaxaamura daandii Haadersaan S irrattis jijjiirama yaadneerra. Sababii shuboowwan walxaxoo mataa awutoobisii bakka kanaatiif, pirojektii RapidRide Rainier 'ttiin fooyya'insi akka dhufuuf dizaayiniifi kan maallaqaan deggeru adda baasuuf irratti hojjechuuf waggaa tokkoofi walakkaa itti aanu kana fayyadamna.

Deggarsa maallaqaa waggaa 9 Levy to Move Seattle tiin, filattoota bara 2025 tiin mirkanaa'eera. Waa'ee levy caalatti baruudhaaf kana ilaalaa www.seattle.gov/LevytoMoveSeattle.



Seattle
Department of
Transportation

VISION
ZERO
SAFER STREETS FOR SEATTLE


The Levy to
MOVE SEATTLE



YEROO IJAARSAA MAALU HAA EEGAMU

Ijaarsi waggaa kana ta'a jedhamee eegama (wallakkaa 2018)* akkasumas dhum-torbeewwan muraasa fudhachuu mala. Toora sararaa haquu alkaniin raawwatama, dibuufi mallattoo sirreessuun garuu guyyaarra raawwatama. Amma danda'ametti dhiibbaa inni uummata irratti qabu xiqqeessuuf waan hojjennuuf daandii maqu hin eegamu. Ganna kana ijaarsa irratti odeeffannoo dabalataatiif saanduuqa xalayaakee ilaali.

FILANNOO GORFAMU



Toora Toora Toora Toora Toora
 konkolaataa konkolaa- keessatti konkolaa- (mirgaatti maquun
 dhaabbatan chisan/oofan deebiyen chisan/oofan sirriidha)


Vision Zero Fooyya'insi (kaaba ilaala) Daandii Keenii S irraa – Daandii Handarsan S'tti amma danda'ameen hanga walakkaa 2018 tti tolfamuuf.*

Pirojektiin RapidRide Rainier buufataaleen haarawaa ijaaruuf jira akkasumas ijaarsawwan biroos foyyeessuu ni mala. Osoo walirraa hin citiin daandicha to'ataa waan jirruuf yoo kan barbaachisu ta'ee argine jijjiiramawwan dabalataa taasisuu ni dandeenya.

ODEEFFANNOOFI KARAA ITTIIN PIROJEKTICHA QUNNAMAN

www.seattle.gov/transportation/rainieraves.htm
 James Le, Manaajera Pirojektii
 RainierAveS@Seattle.gov | (206) 684-3174

KAARTAA PIROJEKTII



LEJENDII

- Kutaa 1 (2015 xumurame)
- Kutaa 2 (walakkaa 2018 eegama)
- ⋯ Toora Daandii RapidRide Rainier Fuula Duraa (2021 eegama)